# Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

# Ermiyaas Nama Himimmaanii



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Jonathan Hay

Kan dagaagsame: Mary-Anne S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.



Mootummaa Yuhuudaatti maatii namoota amanan keessaa Ermiyaa dhalate. Abbaan isaa, Hilqiyaa, luba ture. Maatiin isaa magaalaa Yerusaalem irraa hin fagaanne magaalaa Anaatot jiraatu. Tarrii maattiin Ermiyaa akka inni luba ta'u barsiisanii turanii laata. Haata'u garuu Waaqayyo karoora biraa qabaaf ture.



Yeroo Ermiyaas dhalate, sabin Waaqayyoo akka dubbii sagalee Waaqayyooti jiraachaa hin turee. Tokkoon tokkoon namaa hamma ta'utti, mootii irraa eegalee hamma nama isa garagadii waaqa tolfamaa waaqessu - Waaqayyo mana qulqullummaa qaba.



3

Yeroo Ermiyaas dargaggeessa ture, Waaqayyo itti dubbate. "Utuu ati hin dhaltin si beeka," Waaqayyo Ermiyaasitti hime. "Akka ati anaaf dubbattuufan karoora qaba."



4

Waamicha Waaqayyooti gammachuu fi sodaatu Ermiyaasitti dhaga'ame. "Ani mucaa waan ta'eef attamitti akkan dubbadhu hin beeku," jedhe. Umuriin isaa waggaa 20 ture. Namoota cubbuu hojjetanii naannawaa isaa jiran irraa ka'e nan dubbadha jedhee hin yaadine.



5

"Hin sodaatin," ani siwajjin jira jechuun Waaqayyo itti dubbachuun mirkaneessef. "Bakka ani itti si ergu kami iyyuu deemi. Waan jedhi siin jedhe hundumaa jedhi. Ani siiwaajjinan jira sin ceesisa." Achii booda Waaqayoo waan addaa tokko raawwate. Waaqayyo Afaan Ermiyaasiin tuqe.



6

Waaqyyo Ermiyaasii fi jabinaa fi ogummaa kenne. Ermiyaasis ifatti dubbachuu, akka Waaqayyo namoota jaalachuun isaan gargaaruu barbaadu isaan yaadachiise. Garuu namin tokko illee isa hin dhageenye. Mootiin illee isa hin dhageenye.



7

Yeroo inni waa'ee Waaqayyoo isaanitti dubbatu lubooti illee in aaran. Raajiin sobaa nutti dubbataa jira dhugaa miti.



8


Ermiyaas saba yaadachiise, waggoota dhibbboota dura mootummaan kaaba Israa'el Waaqa guddaa qabdi ture. Diinotin isaanii warri Sooriyaa biyya isaanii qabachuun Israa'eloota lafa isaanii irraa fageessan.
9
Yeroo ammaa sabin Yuhuudaa, mootummaan kibbaa, Waaqa isa guddaa qabu turan. Loltooti diinaa ariitiidhaan qabatan! Lafi isaanii saba biraan qabamee akka isaan qe'ee isaanii irraa deeman Waaqayyo barbaadeess taasisee?
10
Sabin waaqa tolfamaatti amane. Waaqin tolfamaan saba kana in oolchaa? Hin oolchu! Waaqayyo qofaatu isaan oolcha. Sabin Ermiyaasi itti dubbate kun dubbii isaatti in aaruun karoora isa ajjeesuu baafata. Garuu Waaqayyo garbicha isaa gochaa isaanii irraa in eege.
11
Xumura irratti, Waan Waaqayyo dubbate keessaa tokko Ermiyaasin rifaasise. Waaqayyo Ermiyaasiin Saba kanaa hin kadhati jedheen. Yeroo isaan gargaarsaaf ana kadhatanitti ani isaan hin dhaga'u jedheen Waaqayyo.
12
Adda waraanaa Baaniloon waliin geggeessan irratti mootichi akka mo'amu Ermiyaas akeekkachiise. Mootiin aaree Ermiyaasiin mana hidhaatti darbate. Ermiyaas hidhamus mana hidhaa keessa taa'e Waaqayotti amanuu fi kadhachuu hin dhaabine.
13
Ermiyaas gaafa hidhaadhaa ba'us sabaa fi mootii gara Waaqayyootti deebi'uu didaniif akka isaan Waaqatti amananiif in kadhateef. Yeroo kanatti, mootichi Ermiyaasiin gara mana hidhaa gara lafa jalaatti gad buuse.
14

Garuu Waaqayyoo laphee mootii keessatti waa hojjetaa jira. Ermiyaasiin oolchuuf mootii maal gochuu akka qabu gaafate. “Gara mana hidhaa dhaqi achi in jiraatta,” deebii laatame ture.





Loltooti Baabiloon Yerusaalemiin qabachuun harka Yuhudaatti kufte. Masaraa fi ijaarsota in jikisan, waan hundumaa in guban. Sabin isaa waggoota 70f mana hidhaa in kufa isa booda lafa isaaniif kakatetti fidee in deebisa.





Ermiyaas Nama Himimmaanii

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Ermiyaas

“Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna.”
Faarsaa 119:130






28 60



Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa’u waa’ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw’anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du’a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du’uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi’ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta’uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta’uu kee fi cubbuu kootiif du’uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda’uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16